Yoo dhugaa dubbate milkaa'e

Xalhaa bin Ubeydillaah irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Warra najdii keessaa namichi mataan isaa faaggaa ta'e tokko gara Ergamaa Rabbitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ni dhufe, nuti sagalee isaa dhageenya malee waan inni jedhu hin beeknu, hanga Ergamaa Rabbitti -nagaa rahmanni irra haa jiraatu- dhihaatutti, yeroma san inni waa’ee Islaamaa gaafata. Ergamaan Rabiittis -nagaa rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Guyyaa fi halkan keessatti salaata shani», innis akkas jedheen: kana malee kan biraa narra jiraa? «lakkii, yoo salaata sunnaa salaatte malee, Ji'a Ramadaanaa soomuudha», namichis ni jedhe: kan malee kan biraa narra jiraa? isaanis ni jedhan: «Lakkii, yoo sooma sunnaa soomte malee», Ergamaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- zakaa baasus isaaf dubbannaan, innis akkas jedhe: kana malee kan biraa narra jiraa? isaanis ni jedhan: «Lakkii, yoo waan dabalataa kennite malee», ni jedhe: Namichi eegasii akkas jechaa deeme: Rabbiin kakadhee, kana irratti homaa hin dabalu, irraahis hin hir'isu, Ergamaan Rabbiis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Yoo dhugaa dubbate milkaa'e».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Namichi warra Najdii irraa ta'e tokko gara Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ni dhufe, rifeensi isaa faaggaa ture, sagaleen isaas ol ka'aa ture, wanni inni dubbatu hin hubatamu, hanga Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhiyaatee, waa’ee dirqamoota Islaamaa gaafatetti? Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- salaataan eegalanii, halkanii fi guyyaa keessatti salaata shan raawwachuu Rabbiin akka dhugumatti isa irratti dirqama taasise itti himan. Innis akkana jedhe: Salaatawwan shanan kana malee salaata biraa salaatuun narratti dirqama ni ta'aa? Isaanis ni jedhan: Lakki, yoo salaata sunnaa raawwatte malee. Ergasii -nagaa fi rahmanni irra haa jiratu- akkana jedhan: Wantoota Rabbiin sirratti dirqama taasise keessaa ji’a Ramadaanaa soomuudha. Namichis akkana jedhe: Sooma Ramadaanaa malee sooma irraa wanni biroo narra ni jiraa? Isaanis ni jedhan: Lakkii, yoo tola dabalata soomte malee. Ergasii isaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- zakaa baasuu isaaf dubbatan. Namichis akkana jedhe: Zakaa dirqamaa booda sadaqaalee irraa homaa narratti dirqama hin ta'uu? Isaanis akkana jedhan: Lakkii, yoo sunnaa raawwatte malee. Namichi dirqama kana erga Nabiyyii irraa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhagahe booda Dugda garagalee deeme, osoo hin dabalin, hin hir’isin akka dalagu Rabbii ol ta'een kakate, Ergasii isaan -nagaa fi rahmanni isa irratti haa jiraatu- akkana jedhan: waan irratti kakate kana keessatti yoo dhugaa dubbate inni warra milkaa’an keessaa tokko ta’a.